Irra caalaan tarree dhiirotaa jalqaba isaati, irra hamaan isaa immoo xumura isaati, irra caalaan tarree dubartootaa xumura isaati, irra hamaan isaa immoo jalqaba isaati

Abuu Hurayraa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Irra caalaan tarree dhiirotaa jalqaba isaati, irra hamaan isaa immoo xumura isaati, irra caalaan tarree dubartootaa xumura isaati, irra hamaan isaa immoo jalqaba isaati».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- salaata keessatti irra caalaan saffii dhiiraa, akkasuma mindaa irra hedduu fi sadarkaa irra hedduu kan qabu saffii jalqabaa akka ta'e himani; imaamatti waan dhihaatanii qiraatii isaa waan dhaggeeffatanuu fi dubartoota irraa fagoo waan ta'eef jecha. Irra hamaa fi mindaa fi sadarkaatti irra gadi aanaan isaa akka ilaalcha shari'aatti xumura isaati. Irra caalaan saffii dubartootaa xumura isaati; isaaniif waan irra dhoksaa ta'eef jecha, akkasumas dhiirotaan wolitti makamuu fi isaan ilaaluu irraa irra fagoo waan ta'eef jecha, irra hamaan isaa jalqaba isaati; dhiiratti dhihaachuu fi fitnaaf saaxilamuuf dhihoo waan ta'eef jecha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/11299